qaanqee@hotmail.com

Lakk. 12 Onkoloolessa, bara 2002

Aduun ni dhiiti, ni bariiti; bariitee-tis ni dhiiti. Guyyaanis akkasuma faana jijjiirama. Martinuu yeroo isaa eeggatee dhufa; dhufeetis dabra. Ka dabre garuu, roga durii tiin lamuu hin deebi'u. Jijjiiramni bu'uraa gaafas dhufa. Warri ardha hireen ol-baasee shubbisanis yoos harca'an. Haga gaafasiitti, "Zoonii" irraa gara "Zoonii-tti" gulufaa dhiiga ilmaan sabaa dhangalaasuun isaanii waan hin hafne. Gowwaa fi wallaalaa-nis kanuma "injifatnoo" sehanii baddaa-lagatti dhaadhessan.
Qaanqee Bosonaa

GARAM DEEMAA JIRRA?

Garam deemaa jirra, dura moo duubattii?,
Jedhaa of-gaafadhaa lammiin sabaa marti !
Abdii keessi duwwaa hoggayyuu abdataa,
Humna nama shanii kumaan lakkaawataa,
Ilkaaniin seeqataa, keessaan guggubataa,
Maa umrii of-fixna, saba-ttis taphataa?
Qabsoo kufaa jiru maalif dhaadhessina?
Dhugaa wal-dhoksinee hamma yoom wal-sobna?

QAANQEEN BOSONAA, haala qabsoon bilisummaa Oromoo keessa turee fi ardhas keessa jiru haqa qabatamaa hundee taasifatee barreeffama kanaan duraa (1-11) tiin ibsuun isaa ni yaadatama. Barreeffama ammaa kana keessattis jijjiirrma sanii as uumame irratti akeekkanna. Ka qalbii qabu yoo hubate, ka ija qabu yoo arge, ka gurra qabu yoo dhagaye, dhugaan jiru qaata ifatti himame.

Akka dhageennuu fi akka agarru-tti, dorgommii fi galdaasuun alaa fi bosona keessatti bifa haarawaan ol-bayaa jiru, akkuma badii kanaan duraa heddu nama yaadchisa. Haala kaleessa ture of-duubatti mil'ataa, haala ardhaa garaacha dhaabatnee kan boruu yoo heerregnu, duumessa dorrobetu tulluu moggaan nutti mul'ata. Dhugumatti, qabsoon bilisummaa Oromoo alaa fi biyya keessattis yoomuu caalaa haala wal-xaxe keessa galaa jira. Biyyootni addunyaa–illee "malli" maqaa furmataa tiin xaxaa jiran laafaa miti. Boorawee xaliinnaa laata? San yero-tu addeessuuf jiraata.

Qabsoon Oromoo galii itti imaammatame akka hin geenne, hogganoota qofa osoo hin tahin, "hayyoonni" biyyoota alaa keessatti waggaa waggaan lammiiwwan Oromoo walitti qabanii summii dhoksaa dayma (damma) dibaa facaasaa jiranis qooda guddaa qabaaatuun isaanii kunoo suuta suutaan ifa bahaa jira. Yakka daangaa hin qabnetu bara dheeraaf hojjatamaa ture. Ardhas tofaa san caaluun, "hayyoota" baay'etu shira lammiiwwan Oromoo sammuu naanneessuu facaasuu irratti bobbaafame.

Doktorootaa fi Profeesaroonni maqaa “bilisummaa”–tiin weeddisaa, yeedala Habashootaa tiin ilmaan sabaa shubbisiisan bara baraan baay’ataa dhufan. Dooyaa gubbaa dhaabatanii yoo lallaban, isaan caalaa kan bilisummaa Oromoo-f quuqamee (laalatee) warwaatu hin jiru. Dooyaa irra garmaamaa, takka guduunfamaa takka furga''a, “bilisumma tantoo natu siif du’a, natu siif wareegama...” jedhan. Geerrarsa isaanii wayta mataa hidhan garuu, “yaa bilisummaa si argachuu keenya duratti garuu, saboota biroo wajjiin wal-qixxumaa argatuun dursuu qabaa miti ree?” jedhanii dhageeffattoota harka tumaa turan mataa naanneessanii dooyaa irraa gad-bu’an.

Hayyoonni maqaa “seminaaraa-tiin” ummata mataa jaanjessaa (joonjessaa) ololan kun, hogganoota aangoof wal-fixaa jiran caalaa yakka qaban. Seenaa ”hin-jirre” sammuu ummataa keessatti barreessaa, daandiin bilisummaa galma mootummaa Habashaa keessaa akka burquun dirqama tahes labsaa, “kanatu nutti mul’atee mee isin hoo maal jettu?” jedhanii ergaa itti kenname dhaadhessu. Gaafii fi yaada miseensotaa-tis, “tooftaan” awwaalanii bira dabru. “Kun gaaffii wallaala siyaasaa irraa madde malee rakkinni akkanaa dhaaba keessa hin jiru” jedhanii miseensota hamilee cabsanii onnee madeessu. Afaan alagaa kan miseensotni dhibba keessaa harki sagaltamii shan hin hubatneen “barnoota” kennamutu lammiiwwan biyyoota ala jiraatan jaamsaa jira. Kunis yakka daangaa hin qabne!

Jarreen kun osoo Afaanuma Oromoo-tuu dubbatanii, akkaataan isaan ittiin nama gowwoomsan heddu wal-xaxaa dha. Fakkeenyaaf: “Gurbaa gurraacha qal’aa dheeraa, diimaa gabaabaa-furdaa tokko karaa kana irratti argiteeraa?” nama jedhe si gaafateef, “hin argine” jettee erga bira dabritee booda, gaafii isaa keessa deebitee yoo xiinxallitu, “gurbaa gurraacha qal’aa dheeraa, diimaa gabaabaa-furdaa” bakka-takkatti tahuun uumama namaa-tii ala tahuu hubatta. Namni jedhame kun, qalaa dha; akkasumas furdaa dha; dheeraa dhas; gabaaba-llee; bifti ammoo gurraacha, akkasumas diimaa dha. Kun, ogummaa jechootaan wal-daguu kan hayyoonni biyya Griik dur caasoo-afaanii (“sophestry”) ittiin taphatan wajjiin wal-fakkaata. “Seeminaarri hayyoota” Oromoo baratanii-tis akkasuma tahaa dhufe. Namu gola siyaasaa keessa dhaabatee, ergaa itti kenname dabarsa. Hayyootni qulqulluun hin jiran jechuu miti. Nama isaan dhagawutu dhabame malee, haqa ifatti mul’isuu dhaaf iyyaatuma jiran. Garuu, Oromoo-n biyya ala jiru wal-irraa baruu waan tuffate fakkaata. Namuu “beekaa of-fakkeessaa”, konkolaataa wajjiin konkolaata. Qilleensa wajjiin olii-gad gulufa Kanuma qabsoo sehee of-abdachiisaa bara baraan “muuda” hoongoo-tti olia.

Haala sona dhabiinsaa kan qabsoo bilisummaa Oromoo qancarsaa jiru keessatti, wallaallis qooda guddaa gumaache. Summiin siyaasaa kan maqaa hayyummaa tiin facaasamaa jirus wallaalainsa ilmaan sabaa-tti gargaaramee hidda horate. Dhartis dhugaa taatee, dhugaan awwaalamte. Qabsaawaan haqaa arrabsamee, ayyaan-laallataan faarfame. Seenaan haqaa dhokfamee, seenaan “hayyoonni” darreen qalama dharaa tiin taraaran hawaasa keessatti dhugaa of-fakkeessee gad-bahe. Kunoo, bara faallaattu hawaasa Oromoo mudate.

Siyaasaan shira ayyaan-laallattootaa tiin laaqamaa jiru, hegeree Oromiyaa dukkaneesse. Qabsaawota umrii isaanii dirree qabsoo keessa wajjiin turan diina walitti taasise. Tokkummaa balleessee diigamiinsa uume. Guddinna galmeessuunis hafee qancariinsi qabsoo babal’ate. “Beeyladaa-dhan siyaasaa-tis” qaanyii fixatanii, injifatnoo sobaa falmatuu hujii taasifatan. Kun tahuun ammoo, ummata Oromoo wareegama hin barbaachisne keessa isaan galche; daandii qabsoo bilisummaa-tis rakkinna umrii

waggoota dheeraa qabaatuuf jiraatu keessa seensise; qabsoon Oromoo-tis akka hawaasa addunyaa biratti maqaa xuraawaa qabaatu taasise. Qabsoon bilisummaa Oromoo-tis waca daa'immanii tahe hafe. Qabsoo jaallan qaqqaaliin itti wareegamantu kunoo hardha harka ayyaan-laallattootaa keessatti kufee gatantaraa jira. Kanatu onnee nu guba!

Siyaasaan addunyaa akkaataa hawaasni Oromoo dhaqqabuu hin dandeenneen jijjiiramaa jira. Haga libsuu ijaa keessatti, haala heddutu geeddarama. Haala kana wajjiin tarkaanfatuu dhaaf, tattaaffii jabaa feesisa. Ciqilfatanii yaada duwwaa alanshuun, hegeree Oromiyaa–tti taphatuu dha. Saffisanii yeroo fi carra-tti gargaaramuun hayyummaa dha. Lammiiwwanii fi jaarmayootni Oromoo martinuu daddafanii ammaan yoo "hirriibaa" dammaqan malee haala sodaachisatu gamaa gamanaa xiixaa jira. " Gaabbii fardi hin dhaqqabu". Tokko tayan, jalaa bayan!

Seenaa hawaasa addunyaa keessatti, bara lola lammaaffaa-tii as, haalli shororkeeffamaan akka ammaa uumamee hin beeku. Haalli kun, sochii sabaa fi sab-lammoota haqa ofii-falmatanii irra dhiibbaa guddaa kaawuun isaa hin hafne. Kunuu mataa isaatti osoo sabboonota yaadchisu, gochi fokkataan dhiheenna kana irratti dabalame, "hegereen qabsoo bilisummaa Oromoo maal tahinna?" gaafi jedhu keessa nama galcha. Fakkeennaaf:

1. Lola Zoonii Kibbaa
2. Gaa'ga'ama Barattoota Oromoo fi
3. Dagatamiinsa ULFO …(i)laaluun gayaa dha.

1. LOLA ZOONII KIBBAA

Dhugumatti gocha gaddisiisaa dha. Oromoon Oromoo ajjeesee geerraruun isaa salphinna. Gaaffiin WBO-n Kibbaa dhiheesse, hoggana ABO biratti gatii hin argatne. Laayyo-tti laalame. Murna kana balleessuu dhaaf Asmara keessatti shira xaxamu caalaa, bosonni Oromiyaa humna qabaatuun isaa hin hubatamne ture. WBO "dullacha" WBO "haarawaan" al'ooluun (adamuun) itti fufe. Firri (michuun) keessa walii beeku diina alaa dhufe caalaa wal-balleessuu dandaya. Kan tahes kanuma. Balaa lolli kun fiduuf jiraatu lammiin Oromoo ka sirnaan hubate nutti hin fakkaatu. Dubbiin guddaan (ijoon), "murna kamtu moohatee kaan balleessa" isa jedhuu miti. Madaa fi gadaanisni galteen kun uumu, waggoota dheeraaf kulkuluuf kan deemu tahuu isaati. Hawaasa naannoo sanii (g) jiddutti diddaan uumamus hadhaa dhalootni wal irraa dhaalu qabaata. Balaan kun, humna lameen wal-lolaa jiran qofaaf osoo hin tahin, alaa fi biyya keessa-tti illee boorawiinsa siyaasaa fida. Kanaafuu, daddaffitti furmaata argatuu qaba.

Galaafatamiinsa lubbuu tii fii barbadaawinsa qabeenna irra gawu hundaaf, murnootini lameenuu itti gaafatama qaban. Tahus, hundeen rakkinna kanaa, hoggana qabsoo bilisummaa qancarse irraa burquu isaa sabni Oromoo ifatti beekutu irra jira.

Wal-dhabiinsi of-tuulummaa garee Asmaraa maandheffateen hafraawe kun sadarkaa kana gahuu isaa durratti, qopheessitootni Qaanqee Bosonaa akkana jedhanii turan:

”Gareen gama tokkoo, humni haarofni leenjifate jedhamu, WBO durii amansiisee ofitti ammata moo humnaan of-
jalatti toohata? Deebisaa gaafii kanaa kennuu irraa if-qusataa, wajjiin arguu dhaaf jiraanna yoo jenne dansaa dha.
Wama fedhes taanaan garuu, of-tuulummaa fi wal-tuffiin morki itti dabalame hammeennuma eda’a.” (Qaanqee
Bosonaa, Lakk. 7, Bitootessa, bara 2002).

Akkuma nu herregnee san, araarri gatii dhabee daandiin humnaan wal-toohatuu filatame. Hammeennis balaa dabalatee dhufee lubbuu qisaase. Kun hundinuu dogoggora dhiifama hin qabne.

Hogganni humnatti amanu, yoo dandaye murna Zoonii Kibbaa balleessuu irraa of hin qusatu. Yoo aanjaweef, ni milkaawa “taha”. Garuu, gaafii murni Zoonii Kibbaa kaase, sammuu jarreen yaada san deeggaranii ka’anii keessaa humnaan baasuun waan hin dandayamne. Tuffiin ammoo yoomiyyuu filmaata daandii hoongoo-ti. Qopheessitootaa fi deeggartootni Qaanqee Bosonaa, raafamiinsa Zoonii Kibbaa ija-qaroon hordofan.

2. GAA’GA’AMA BARATTOOTA OROMOO

“…Ummatni jaarmayaan gurmaawee hin qabsoofne humna hin qabu; walis quba hin qabu. Qabsoon isaatis eessa-illee hin gawu. Ummatni qajeelfama qindoominaa malee sochii geggeessu akka billaacha ibidda (abidda) waziiza gubbaa deddeebi’ee balali’uu-ti..”
(Qaanqee Bosona, Lakk. 8).

Ee dhugaa dha, qabsoon qindoomina hin qabne wareegama qaalii hin barbaachifne nama baasisti. Barattoota Oromoo-tis kanumatu madate. Gadadoo, dararaa, gaaga’amiinsa isaan mudate kana seenaan hin dagatu jetnee abdanna. Ilma/intala haadhaaf abbaan hawwiin eeggatantu karaalee keessatti biyyee tahee hafe.

Sochiin barattootaa wal-jalaa qabatee akka waziizaa-tti wayta belbelaa ture, namootaa fi jaarmayootni mirga san abbaa itti tahuuf wixxifataa turan tokkoo-lamaa miti. Amma garuu, hundi isaaniituu sagalee gad-cabsanii riphan. Shamarranii fi dargaggootni gaafas wareegaman kufanii hafa. Kanneen hidhamanis, abukaatoo malee manneen hidhaa mootummaa Wayyane keessatti dararamaa jiran; kanneen hiree miliquu argatanii biyya ollaatti baqatan ammoo hadhaa jireenna addunyaa dhandhamaa jiran. Barattoota kana gargaaruu dhaaf birmatiinsi sabboonotni tokko tokko gumaatan waan tuffatamuu miti. Haatahu malee, rakkinna isaan keessa jiran wajjiin irkoo furmaata tahuu miti.

Barattootni Habashaa kanneen Keenya-tti dahatan, sochii jaarmayootaa fi sabboontotni isaanii deemsisaniin hireen barnootaa banameefii Univaristii seenanii wayta barataa jiran-itti, kanneen Oromoo ammoo nyaataa fi qubsumaa-yyuu dhabanii of-abaaraa jiru. Baay'ee, baay'ee nama gaddisiisa. Oromoon biyya alaa jiraatu, garaagarummaa ilaacha siyaasaa fi miseensummaa jaarmayootaa irra tarkaanfee hamma dandayameen barattoota kana qubsiisuu qaba. Kun dirqama Oromummaa-ti. Jaarmayootni siyaasaa-tis, dhaabbatoota fi hawaasota addunyaa-tti iyyanii barattoota kanaaf furmaata waarinsa qabu kan akka qubsuma biyyoota alaa (resettlement) barbaadaniif nus maqa Oromummaa tiin itti iyyanna. Kan du'eef gadduu mannaa, kan beelaan du'uuf deemu lubbuu dhaqqabuu wayya.

3. DAGATAMIINSA ULFO

"Tokkummaan jaarmayoota bilisummaa uumame" jedhamee jihaa maraa dibbeen tumame. Weedduun bayee itti shubbifame. "Humni irree qabu dhalate" jedhame faaramfe. Biyyaa fi alattis, "deemsi qabsoo bilisummaa reef daandii abdachiisaa qabate" jedhamee qilleensi abdii birmadummaa baddaa laga keessa bubbise. Tokkummaa-lleen duumessaawee dorrobe. Garuu, duumessa roobuu dhaaf miila lafaan gahe, hobonbolee tiin dhuftee afoollessite. Hawwiin lammii sabaa-tis kichuu citte. ULFO-nis ulfa hin dhalanne tahee garatti hafe.

Diigamiinsi kun sababaa mataa isaa qaba.

"…Hogganootni jaarmayoota bilisummaa Oromoo-f falman martinuu yaada warraaqaa qabsoo sochoosu burqisiisuu dhaf dandeettii fi ilaalcha-hegeree cimaa (ability & vision) waan qaban hin fakkaatu. Jaarmayootaa fi ilaalchi hogganootaa-tis doomaa fi dulloomaa (dormant & out-dated) tahaa deeme namoonni jedhanis heddu. Qindeessitootni Qaanqee Bosonaa, jaalala yookaan jibbaa tokkoo alatti, xiinxallaan gad-fagoo ka waggoota lameen dabran geggeessan akka mul'isutti, dhaabbotni qabsoo bilisummaa Oromoo kanneen amma jiran adda-addatti qabsoo bilisummaa keessatti jijjiirama-bu'uraa (radical change) fiduuf, bolola siyaasaa fi roga caasaa hogganaa-ttu (political ego & structural form of core leadership) gufuu itti taha".
(Qaanqee Bosonaa, Lakk. 7, Bitootessa bara 2002).

Namni ammas haqa kana shakku ni jiraa laata? Yoo jiraate, kama of-sobee fi kan bilchina siyaasaa dhabe qofa taha. Qabsoon bilisummaa saba Oromoo jeeqamiinsa daangaa hin qabne keessa seente. Mootummaan Wayyaanee-tis hiree kanatti gargaaramee waan heddu borcaa jira. Ala ta'anii, injifatnoon aangawootni ABO dhaadhessanis ummata biyya keessaa wareegama qaalii baasisaa jira. Kunis itti yaadamuu qaba. "Garam deemaa jirra" jedhanii yeroon itti of-gaafatanis amma! Ijji addunyaan nurra keettes dhiiroo maal fidinna? Wayta biraa itti deebina.

Qopheessitoota Qaanqee Bosonaa
Qaanqee@hotmail.com